# ADDA BILISUMMAA OROMOO

**OROMO LIBERATION FRONT** جبهة تحرير اورومو

Gaafa: 29/07/2016 Date: تاريخ Lakk.: **08/stm - abo/2016** No.: رقم

## Duulli Hammeenyaa Ummata Oromoo Irratti Jabeeffamaa Jiru, Xumurri Sirna Bittaa Alagaa Dhiyaachuu Mirkaneessa!

***Ibsa Adda Bilisummaa Oromoo***

Qabsoon Ummanni Oromoo mirga abbaa biyyummaa, Bilisummaa fi Walabummaa isaatiif gaggeessaa jiru gulantaa murteessaa irra gahuu, haalli Oromiyaa keessaa sirriitti agarsiisa. Sochiin warraaqsaa ummanni Oromoo gaggeessaa jiru gootummaa, bilchina jaarmayaa fi tooftaan akkasumas Impaayerattii keessattis tahe naannawa Gaanfa Afrikaatti fakkeenya murteessaa tahuu ummata Oromoo dirreetti baasee agarsiiseera. Keessumaa dhaloonni haaraan **Gabrummaan Nu irratti Xumura Argachuu Qaba** jechuun gootummaa fi murannoon bilisummaa Oromoo mirkaneessuuf muxannoo qabsoo fi jaarmayaa hunda sochoosaa agarsiisaa jiran lammiif abdii, mootummaa gabroomfataaf ammoo naasuu akka malee itti ta’e.

Wayta ammaa kana goleen Oromiyaa fincilaa fi mormii hin keessummeessine hin jiru jechuun ni danda’ama. Magaalotaa fi baadiyyaalee Oromiyaa keessaa sagalee fedhii bilisummaa fi mormii gabrummaatu dhaga'ama. Alaabaa ABO waggoottan kudhanoota dabran gootootni kumaatamni hedduun irratti wareegamanii asiin gahan tan faajjii bilisummaa taate qabatanii hiriira bahuu fi bakkoota addaa addaatti fannisanii balaliisuun, alaabaa Impaayerattii mallattoo gabrummaa taate irra ol kaasanii aduun gabroomsaa dhihuu, bilisummaan Oromoo dhiyaatuu labsaa jiru.  Walumaagalatti warraaqsa gabrummaatti xumura gochuu akeekkatetu wareegama ilmaan oromoo qaqqaaliidhaan guutuu Oromiyaatti gaggeeffamaa jira.

Mootummaan TPLF/EPRDF wayta galaana warraaqsaatiin nyaatamee qarqara dhabama isaa jiru kanatti dalagaa raaw’ataa jiruun, gaaffii ummatootaaf amma illee karaa nagaatiin deebisaa laachuuf fedhii akka hin qabnee fi aadaa isaas akka hin taane mirkaneessee jira. Yakki suukanneessaan hidhattoota isaatiin ummata Oromoo irratti itti fufiinsaan raaw’ataa jiru kanaaf ragaa gahaa dha.

Ilmaan Oromoo mirga uumaadhaanii fi heera addunyaatiin qaban gaafatuu irraa humnoota waraanaa, tikaa, Poolisa Federaalaa fi milishoota wayyaanee Oromiyaa weeraraniin guyyuu haala namoom-dhab ta’een ajjeefamaa fi hidhamanii zaliiliif saaxilamaa jiru. Kanneen jireenya harkaa gara afaanii gaggeeffatuuf dhama’an badii malee rasaasaan gombisuun, daa’imman hamtuu-toltuu hin beekne, haawwanii fi manguddoota gara-jabinaan ajjeesuun, Oromoota cidha irra jiranitti dhukaasa banuun dhiiga lolaasuun har’as hin dhaabbanne. Qabsaawota Oromoo falmaa dirreetiin moo’achuu dadhaban summiidhaan galaafachuu irra dabree ummatas haala suukanneessaadhaan fixuun

bakkayyuutti sirna nama-nyaataa kanaan raaw’atamaa jira.

Akeekni dalagaa hammeenyaa fi diinummaa kanaas Ummata Oromoo rifachiisanii fi hamilee cabsanii falmaa irraa boodatti deebisuu dha. **Qabsoon Bilisummaa Ummatni Oromoo gaggeessaa jiru sadarkaa shiraa fi hammeenya akkanaatiin gufatu irra tarkaanfatuu isaa, fincillii fi mormiin baatiilee 8 oliif itti fufiinsaan Oromiyaa keessaa belbelaa jiru ragaa guddaa dha**. **Kun gabrummaatti xumura gochuudhaan Galii isaa gahu malee akka hin dhabbatne diinaafis firaafis mirkaneessaa jira**.

Addi Bilisummaa Oromoo gocha gara-jabinaa mootummaan wayyaanee lammiilee Oromoo harka duwwaa gaaffii mirgaa dhiyeessaa jiran irratti raaw’atu ammas gadi jabeessee balaaleffachaa, Ummatni Oromoo mirga uumaanis, seeraanis qabu bifa barbaachisaa ta’e hundaan kabajsiifatuuf, wareegama hangamuu nu gaafatu, qabsaawuun mirga isaa tahuu hubachiisa. **Waan ta’eef, Ummatni Oromoo diina qe’ee isaatti waggoota 25 guutuu kan itti roorrisaa ture quufuu dadhabee ammas roorrisuutti jiru bifa isaa danda’ame hundaan of irraa qolachuu qofa odoo hin taane, dachee isaa irraa buqqisee biyya isaa irratti abbaa ta’uuf wareegama feesisu baasuu itti fufee sirna bittaa alagaatti xumurri godhamuu qaba. Kun guduunfaa sirna gabrummaa jaarraa lakkaawatee akka tahuuf murteeffatanii socho’uun mala filmaata biraa hin qabnee dha.**

Gootontni ka’imman (Qeerroo-qarreen) Oromoo golee Oromiyaa cufa irraa harqoota gabrummaa saba keenya irraa darbuun Bilisummaa gonfachiisuuf qabsoo hadhaawaa fi seena-qabeessa gaggeessaa jirtan, gochaan hammeenyaa diinni itti jiru, kufaatiin sirnichaa dhiyaachuu kan mul’su tahuu hubatuun falmaa akka itti fuftan dhaamna.

Ummatni keenya alaa fi keessaan yaadotaa fi ajandaalee sochii murteessaa itti jirru kana irraa nu jal’isuuf ykn. nu daguuf itti tattaafatamu kamuu gurra irraa cufatuudhaan kana bakkaan gahuuf akka sochootan gadi jabeessinee hubachiifna.

Miseensotni ABO hundi (keessattuu WBOn), akkasumas, humnootni addaa guutuu Oromiyaa keessa jirtan cufti, akkasumas, deeggartootni ABO Oromiyaa fi biyyoota alaa mara jirtan dirqama keessan dacha-dachaan akka guddiftan dhaammatna.

Yeroon kun yeroo diinni Saba keenya gabroomfate aangoo Irra of tursuuf yakka duguuggii sanyii lammiilee keenya irratti hammeessaa jiru, gama kaaniin ammoo yeroo ummatni keenya wareegama baasaa jiruun odoo hin rifatin murannoon falmaa finiinsaa jiru dha. Waan ta’eef, lammiileen Oromoo biyya keessaa fi biyyoota alaa jirtan addatti ammoo qabsaawotni Oromoo kabajamuu mirga abbaa

biyyummaa fi bilisummaa Oromoof falmaatti jirtan, irree tokkummaa ummataa fi qabsaawota keenyaa caalaatti jabeessuun, qabsoo sirna wayyaanee irratti gaggeeffamaa jiru waan danda'ame hundaan akka maddii dhaabbattan waamicha dhiyeessina.

Humnootiin bilisummaa Oromoo fi Walabummaa Oromiyaaf qabsooftan hundi umrii diina kanaa gabaabsuu xumura itti gochuu keessatti gahee keessan akka kennitan gadi jabeessinee dhaammatna.

Kanneen humna waraanaa, poolisaa fi tikaa wayyaanee keessa jirtan qabsoo haqaa ummatni gaggeessaa jiru cinaa akka dhaabbattaniif waamicha deddeebi'ee isiniif godhamuuf gahaatti deebii kennuun isin irraa eegama. Diina ofii aangoo irra turuuf jecha haadhaa-abbaa, obboolaa fi lammii keessanitti dhukaastanii akka ajjeestan, madeessitanii fi gaaffii haqaa ummatni dhiyeessaa jiru ukkaamsuuf tarkaanfii hammeenyaa fudhattan isin ajajaa jiru didachuun, yeroon aantummaa keessan ummata keessaa baatanii fi borus keessa jiraattaniif agarsiisuun tarkaanfii seena-qabeessa fudhattan kan maayyii amma. Kana gochuu dhabuudhaan meeshaa diinaa ta'uu itti fufuun murtii ummataa jalaa kan isin hin baasne tahuu hubachiifna.

ABOn qabsoo Bilisummaa Oromoo gaggeessaa jiru daran kan babal'isuu fi cimsu tahuu ibsaa, warraaqsa xumura gabrummaa sab-boontotni ilmaan Oromoo, ***Qeerroon Bilisummaa*** Ummata Oromoo waliin ta'uun gaggeessaa jiranis bifa barbaachisaa ta'e hundaan kan hogganu, jajjabeessuu fi galma ga'iinsa isaaf hojjetu tahuu irra deebi'ee yaadachiisa. Gochaan faashistummaa wayyaanee fi jala -deemtotni isaa Oromoo irrati raaw'atanis badiisi isaanii dhihaachuu fi wareegamni ilmaan Oromoo Bilisummaaf baasan firii hawwameef argamsiisaa jiraatuu mirkaneessa.

**Injifannoo Ummata Oromoof !**

**Adda Bilisummaa Oromoo**

**Adoolessa 2016**